

Baha Shawaa Keessatti Tarkaanfiin Loltoota Wayyaanee Irratti Fudhatamaa Jiru Itti Fufuu Irraan Poolisoonni Uumata Goolaa JIru

(Madda Oduu ABO/MOA/Caamsaa 14,2014) Humni Addaa WBO ykn Jajjabe jechuun kan beekamu, Baha Shawaa Ona Boosatii fi Fantaallee keessatti loltoota, poolisootaa fi qabeenya diinaa irratti tarkaanfiin fudhate. Qondaalota ykn ajajooti waraana Wayyaanee/TPLFis ajjeefaman.

Caamsaa 07,2014 halkan keessaa sa'aa 1:00 irratti Godina Baha Shawaa Ona Fantaallee keessatti poolisoota/hidhattoota wayyaanee waajjira Ona Fantaallee fi kanneen waajjira poolisii eegan irratti tarkaanfii fudhatameen poolisootni sirna wayyaanee 2 akka hamaatti madeeffamanii jiran. Qaamuma tarkaanfii kanaan walakkaa sa'atti olif magaalaa Matahaaraa keessatti ummataa fi poolisoota Wayyaanee gidduutti lolli jabaan geggeeffamuun miidhaa guddaa hidhattoota Wayyaanee irra gahuun ibsameera.

Tarkaanfii fudhatametti haalaan kan rifatee fi naasuu guddaa kan seene mootummaan Wayyaanee borumtaa isaa guyyaa Kamisaa irra ummataa gabaa yaa'etti poolisoota federaalaa fi waraana guuruun goolii buusee midhaa guddaa ummataa irraan akka gahe madden keenya naannicha irraaa ibsanii jiru. Ummatni gabaaf yaa'e kara karaa baqaan kan ganda ganda isaatti gale oggaa ta'u, guyyaa kana manni hojii fi daldalaa tokkolleen osoo hin banamin cufaatti akka oolan beekuun danda'ameera.

Haaluma wal fakkaatuun Caamsaa 08,2014 Ona Boosat bakka Nuuraa-heera jedhamu iddo uummatni humnaan irraa buqqifamee maashinoota qonnaa sirna wayyaanee fi michoota sirnichaa ta'an buufamee jiru, eeguuf waraana wayyaanee bakkicha qubatee jiru irratti tarkaanfii jabaan fudhatameen ajajootni waraana wayyaanee/TPLF fi to'attoota maashinoota qonnaa kanaa kan ta'an 2 battalamutti ajjeefamaniiru. Maashinootni 3 tarkaanfii kanaan kan barbadeeffaman oggaa ta'u, maashinni kun tokkichi isaa qarshii miliyoona 4 ol akka baasus hubatameera.

Waraanni Wayyaanee mooraa waraanaa Nuuraa-heera qubatee ture tarkaanfii irratti fudhatameen faffaca'ee kan baqate oggaa ta'u, ummataa nagaa naannoo jiraatu irraanis miidhaa guddaa dhaqqabsiisuu oduun nu gahe ni ibsa.

Tarkaanfii bakkota gara garaatti fudhatamee fi miidhaa guddaa humnaa fi qabeenya isaa irra gahetti guddoo kan rifatee mootummaan wayyaanee/TPLF, diddaa ummataa haalaan hammaataa jiru humna waraanaan dhaamsuuf, loltoota hedduu Onoota Fantaallee fi Boosatitti guuruun ummataa ba'aa fi gala dhorkee goolii ummaa akka jiru, galgala sa'aa 7:00 booda namni kamuu akka hin sochoone uggura yeroo haga baadiyaattillee kaa'ee akka jiru beekuun danda'ameera.

Tarkaanfilee ummatni Oromoo of ittisuuf fudhataa jiruu fi diddaa mirga abbaa biyyummaaf sochii godhaa jiru bakka hundattuu humna afaan qawween dhaabuuf ijibbaata godhaa fi tarkaanfii diinummaa fudhataa kan jiru gartuun wayyaanee/EPRDF, magaalaa Matahaaraa dabalatee baadiyoota naannoo sanaa hundatti waraana ORALii hedduun bobbaasuun duula sakattaa bal'aa geggeessaa kan jiru oggaa ta'u, miidhaa hamaa ummataa nagaa irraan gahaa jiraatuun isaas ibsameera. Kana malees, duulli hidhaa bal'aan adeemsifamaa kan jiru oggaa ta'u, har'a ganama qofa lammileen Oromoo nagaan 8 humnoota goolessitoota wayyaaneen qabamanii hidhamaniiru.

Gama biraan FDG fi Falmii Mirga Abbaa Biyyummaa barattootni Oromoo guutuu Oromiyaa keessatti geggeessaa jiraniin sirni isaa raafamaa kan seene mootummaan abbaa irree wayyaanee, fincila na irratti kaasu sodaa jedhuun magaalaa Matahaaraatti barattoota mana barumsaa Daandii Guddinaa weeraruun miidhaa irraan gahuun isaas dhaga'ameera. Halkan doormii barattootaa cabsanii kan seenan poolisootnii fi loltootni Wayyaanee barattoota dabtarraa fi qalama malee hin qabne gara laafina tokko malee reebanii akka

caccabsan, mana barnootaa kana irrattis sakattaa cimaa akka geggeessan gabaasi nu dhaqqabe addeessee jira.

Loltootnii fi poolisootni Wayyaanee Oromootni Karrayyuu gara magaalaa Matahaaraa akka gadi hin buune karaa adda addaan dhorkaa jiraachuu kan gabaasan maddeen keenya, walumaa galatti Onootni Boosatii fi Fantaallee muddamsuu cimaa keessatti akka argaman mirkaneessanii jiru.

I.U.Of!!